Tajaajila Yaalaa fi Tajaajila Yeroo Dheeraa akkasumas Deegarsaaf Isiniif kanfalame ture Qabeenya Dhaalaa irraa Mootummaa Naannootiif Deebisiisuu

Estate Recovery
Repaying the State for Medical and Long Term Services and Supports

Kanfaltiiwwan qabeenya dhaalaa irraa deebifachuu jechuun maal jechuu dha?

- Seerri mootummaa naannoo (Boqqoonaa RCW 41.05B fi 43.20B) dhaalaan keessan baasiiwwan tajaajila yaalaa fi tajaajila yeroo dheeraa muraasa akkasumas deegarsa isin fudhatanii turtan akka deebisanii kanfalan ni dirqisiisa.

Qabeenyi dhaalaa maali dha?

- Isin yeroo du'aan addunyaa kana irraa addaan baatanitti mana fi qabeenhyoota kan biraa isin qabdan ykn mirga irraa qabdan kan dhaamoodhaan ykn dhaamoo malee darbu dha. Kun manaa fi qabeenyoota kan akka:
  - Mana, lafa;
  - Herreegawwan baankii;
  - Istookiiwwan, wabii ykn boondiiwwan;
  - Qabeenya dhuunfaa; fi
  - Qabeenya waliinii ykn imaanaa, qabeenya bara jireenya qofaatti qabame.

Qabeenya qaama qabeenya dhaalaa hin taane?

- Yeroo isin du'aan addunyaa kana irraa addaan baatan mana ykn qabeenya kan biraa kan keessan hin taane ykn mirga irraa hin qabne. Fakkeenyaaf, mana ykn qabeenyoota kan biraa guutummaa guutuutti kan maatii, haadha/abbaa manaa keessanii, michuu mootummaa naannootiin galmaa'ee mana tokko keessa isin wajjin jiraatu/ttu, ykn daa'ima keessanii ta'e

Qaabeenyoota warra kamtu kanfaltii deebisuu irraa bilisadha?

- Qabeenyoota gandaa muraasa;
- Kanfaltiiwwan beenyaa mootummaa muraasa; fi
- Qabeenyoota waliigaltee michummaa yaala yeroo dheeraatiin qabame ykn dhorkame

Isin yoo duutan qabeenya tokkoyyuu hin qabdan yoo ta'e maaltu ta'a?

- Kanfaltiin qabeenya dhaala irraa deebisifamu hin jiraatu.

Baasiiwwan yaalaa fi tataajila hawaasummaa yeroo dheeraa isaan akkamitu qabeenya dhaalaa irraa akka deebifamu hammatama?

- Erga umuriin keessan waggaa 55 ta'ee booda baasiiwwan tajaajila hawaasummaa kan mootummaa Federaalaatiin dhiyaatee Kutaa Ol'aanaa Tajaajila Hawaasumama fi Fayyaa ykn HCAtiin kanfalame;
- Baasiiwwan mootumaa naannootiin haguggamanii kan umurii kamittuu Kutaa Ol'aanaa Tajaajila Hawaasumama fi Fayyaa ykn HCAtiin kanfalame, garuu kanneen armaan gadii hin dabalatu:
  - Tajaajila eegumsa gaheessotaa;
  - Kanfaltiiwwan wabii dabalataa kan Bulchiinsa Qaama Miidhamaa sirna guddinatiin heeyyamaman;
  - Tajjaajiloota saganataa seeftii namni balleessaa raawwate deebi'ee hawaasa keessa akka jiraatuuf godhamuuf; fi
  - Tajaajila hojiiwwan tola ooltotaa,

Baasiiwwan yaalaa fi tataajila hawaasummaa yeroo dheeraa isaan akkamitu qabeenya dhaalaa irraa akka deebifamu hin hammataman?

- Baasiiwwan ykn kanfaltiiwwan HCA'n bu'uura sangantaa Qusannoo Yaalii Federaalaatiin kanfalu.
- Baasiiwwan HCA'n yoo isin tajaajila hawaasummaa kan yeroo dheeraa hin fudhatan ta'e kanfale

Kanfaltiiwwan qabeenya dhaalaa irraa deebifachuun yoom duubatti harkifata?

- Haati/abbaan manaa keessan lubbuutiin kan jiran yoo ta'e;
- Isin daa'ima umuriin isaa/ishee waggaa 21 gadi ta'e yoo qabatan;
- Yeroo isin duutan daa'ima qaroo dhabeeyyii ykn qaama miidhaa ta'e yoo qabatan; ykn
- If you have a surviving child who was blind or disabled at the time of your death; or
- Rakkoo cimaa yeroo jirutti, dhaalaan keessan yoo yeroon rakkoo cimaa kun turuuf akka duubatti harkifamuuf yoo gaafateefi kutaan ol'aanaa tajaajila hawaasummaa fi fayyaa gaafficha yeroo mirkaneessu.

Kutaan Ol'anaa Tajaajila Hawaasummaa fi Fayyaa rakkoo humnaa ol ta'e yoom mirkaneessuu danda'a?

- Adeemsi kanfaltii deebifachuu kun nama dhaalaa kana bakka jireenyaa kan isa/ishee dhabsiisu yoo ta'e fi dhaalaan kun mana jireenyaa kan biraa argachuuf kan itti cimu yoo ta'e;
- Qabeenyi dhaalaa kun dhaalaatiif madda galiin irraa argamu isa qofaa yoo ta'e; ykn
- Isin michuu mana keessa isin wajjin jiraattu kan mootummaa naannootiin galmoofte jirtu yoo qbaatan.

Isin mana yaalaa keessa kan jiraattaniifi gara manatti hin deebitan jedhamee yoo kan yaadamtan ta'e maaltu ta'a?

- Kun "qabeenya dhaala irraa kanfaltii deebifachuu" ta'uu baatullee, Kutaa Ol'aanaan Tajaajila Hawaasummaa fi Fayyaa sababa Danbii Dirqama Gibira Kanfaluu (TEFRA) kan bara 2005 ALA baheetiin mana keessani irra dhorkaa du'aan duraa irra kaahuu ni danda'a.
- Kutaa Ol'aanaan Tajaajila Hawaasummaa fi Fayyaa du'aan dura mana keessani irratti dhorkaa akka dabarsu seerri ni heeyyama.
- Namoota baasii yaalaa isaanii kanfaluu qaban qofaa irra mana isaanii irratti dhorkaan du'a dura irratti dabarfama.
- Otuu Kutaa Ol'aanaan Tajaajila Hawaasummaa fi Fayyaa mana keessan irratti dhorkaa dabarsee jiruu isin manicha yoo gurgurtan, Kutaa Ol'aanaan Tajaajila Hawaasummaa fi Fayyaa baasiiwwan yaalaa fi tajaajila hawaasummaa yeroo dheeraa maallaqa gurgurtaa kana irraa ni deebisiisata.
- Haati/abbaan manaa, miichuu mootummaa naannoo biratti galmaahanii isin wajjin mana tokko jiraachaa turan, daa'ima umuriin isaa/ishee waggaa 21 gadi ta'e ykn obboleetti/obboleessi keessan kan mana keessan keessa jiraatan yoo ta'e Kutaa Ol'aanaan Tajaajila Hawaasummaa fi Fayyaa mana keessan irratti dhorkaa hin dabarsu.
- Isin yoo manatti deebitan Kutaa Ol'aanaan Tajaajila Hawaasummaa fi Fayyaa dhorkaa kana ni gadi lakkisa.

Isin odeefannoo dabalataa yoo barbaadan maaltu ta'a?

- Toora bilbilaa Banoota, gorsaa fi gaaffii seeraa (CLEAR) kan ta'e 1-888-201-1014 kanfaltii irraa bilisa bilbila.
- Abukaatoo waa'ee danbiiwwan karoora qabeenyaa dhaalaa fi deegarsa yaalaa hubannoo qabu dubbisaa gorsa gaafadha.
- Mata duree "Estate Recovery for Medical Services Paid for by the State" akkas ta'e weeb saayitii www.washingtonlawhelp.org irra ilaala.
- Lammilee dhalattoota Alaaskaa ykn Ameerikaa Indiyaanoota irraa kan hafe waa'ee kanfaltiiwwan tajaajilaa qabeenya dhaalaa irraa deebisiisuu ilaalchisee, mata duree "Native American and Alaska Native Property Owners: Exemptions from Estate Recovery" jedhu weeb saayitii www.washingtonlawhelp.org irraa ilaala.
- Seerooa boqqoonnaa RCW 41.05A fi 43.20B akkasumas boqqonnaa 182-527 WAC ilaala.